OFII KEE FI KAANIS CORONAVIRUS IRRAA DHORKI

COVID-19 INFO

Akka itti laalamtu

Babal'achuu dhibee COVID-19 hordofuu fi suutessuuf akka adda addaatti dhibee kana laalamuun akkaan barbaachisa.

Namni kam iyyuu mallattoo kanaa gadii qabu COVID-19 laalamuu barbaachisa:

- Ho'a qaamaa
- Furreessa (fuurriin funyaan keessaa cophuu)
- qufaa
- dhukubbii/hoqsisa laagaa keessaa, yookaan
- afuura kuta.

Yoo baay'ee si dhukube yookaan afuura baasachuu dadhabde, Duwwaa Sadeen (000) bilbilii ambulansii yaammadhu.

Maalfaan Laalama?

Laalamuun COVID-19 ogeessotni fayyaa funyaan fi laagaa kee keessaa haxaawanii fuudhu. Waan haxaawame qormaataaf ergama.

Yeroo sitti dhihaatan, ogeessotni fayyaa kun waan isaaniif ittisa kennu, haguuggoo fuulaa fi ijaas dabalee ni kaayyatu.

Eessattin laalamuu danda'a?

Bakki tokko tokko laalamuuf baallama qabachuu yeroo barbaadu, bakkootni murtaawoon kaan garuu soo baallama hin qabatin karaa irraa itti maquudhaan laalamuutu danda'ama.

Naannoo baadiyaa keessa kara kilinika bakkaa bakkatti sosso'uutiin hawaasa tokko tokko keessa bakki COVID-19 itti laalaman ni jira.

Laalamuuf toora gargaarsa bilbilaa fayyaa ummataa **1800 671 738** irratti bilbili:

BAKKA	GUYYAA/SA'AA	BAALLAMA
Burnie West Park 'The Point' (10 Bass Highway)	Sa'aa 8:30gn (am)–3:30wb (pm) guyyuu	Baallama qabachuu hin barbaadu
Devonport East Devonport Recreation Centre (67 Caroline Street)	8:30gn (am)–3:30wb (pm) guyyuu	Baallama qabachuu hin barbaadu
Hobart	Dhaabbtaa	Baallama qabachuu barbaada – Toora gargaarsa Bilbiliaa Ummataa: **1800 671 738** bilbili
Launceston	Dhaabbtaa	Baallama qabachuu barbaada – Toora gargaarsa Bilbiliaa Ummataa: **1800 671 738** bilbili

Kilinika COVID-19 laalamuu Mootummaa Tasmania

Kiliniki COVID-19 Laalamuu Mootummaa Tasmania tajaajila dhibee fuudhee laaluu qofa kenna. Hojjatootni kilinikichaa dhibee si qorachuu fi mallattoo si irratti argame maal godhchuu akka qabdu kan si gorsan miti.

Itti bahi laalamtee yeroo hedduu sa'aa 48 keessa siif kennama.

Kilinikootni kun ijoollota umriin isaanii 18 gadi tahe ni laalu.

Namoota Medicare hin qabne dabalee kiliniki kun tola gargaara.

Dhibee qaamaa kan laalamuu si hin dandeessisne qabdaa?

Kilinika siif mijjatu yookaan akka itti laalamuu dandeessu waan siif qindeessaniif gara kilinikaa dhufuun kan si rakkisu yoo tahe GP kee yookaan Toora Gargaarsa Bilbila Fayyaa Ummataa kee hubachiisi.

Gara laalamuu keetti deemuu

Warra kaaniifis ittisa godhchuun barbaachisaa dha.

Yoo mallattoon dhibee kanaa si irratti mul'atee fi COVID-19 qabaachuun kee beekamaa tahe, baasii, taaksii yookaan konkolaataa namoota kaan waliin hirmaatu qabattee gara kilinikii hin deemin. Namootni dhibee COVID-19 qabaachuun isaanii beekame kan akka:

- namoota dhibee kana qabaachuun isaanii beekame waliin guyyoota 14 asitti tuxuqaa qaamaa waliin qabaatan yoo tahan
- Namoota Tasmania keessaa ala guyyoota 14 asitti deeman yoo tahe
- Hojetoota mallattoo kana kan qaban waliin hojjetan yookaan hojjetoota kunuunsa jaarolee keessa hojjetan.

Geejjiba ittiin deemtu kan ofii kee hin qabdu yoo tahe, yeroo baallama qabattu GP kee yookaan Toora Gargaarsa Bilbila Fayyaa Ummataa kee itti himii gara kilinikii laalamuuf dhaquuf gargaarsa gaafadhu. akka hubachiisi

Mallattoo qabaachuu keetiif yoo laalamtee garuu ammo balaa irra kan hin jirre yoo tahe, konkolaataa ofii keetiin deemuun gaarii dha, garuu ammo geejjiba ummataa (baasa, taaksii yookaan geejjiba namoota kaan waliin hirmaattee deemtu) ittiin deemuun ni taha.

Laalamuuf yeroo deemtu:

- Kaaniif ittisa godhchuuf, yoo qabaatte haguuggoo fuulaa uffadhu
- Osoo manaa hin bahin, atii fi namootni si waliin deemaa jiran harka isaanii saamunaa fi bishaaniin akka gaarii dhiqachuu (yookaan harki isaanii yoo xurii miti tahe haxooftuu alkoolummaa qabuun akka haxaawatan) mirkaneessadhu.
- Wal irraa hiiqa meetirii 1.5 namoota gidduu eegi.
- Ukkaamsitee keessatti qufa'uu/haxxifachuu (ciqilee yookaan haxooftuu keessatti haxxifachuu) yookaan qufa'uu fi erga qufaatee yookaan haxxifattee boodas harka kee qulqulleessachuu yaadadhu.
- Gara GP yookaan kilinika itti laalamtuu deemi – karaa irra hin dhaabbatin yookaan dhiistee of irra hin deebi'n.

Odeeffannoo Kanneen Hayyama Viza Yeroof (Temporary Visa) Qabaniif.

Odeefannoon dhibee dhukuba COVID-19 laalamuu fayyaa ummataa eeguuf jedhamee ti waan taheef gosa hayyama viza ati qabduu irratti dhiibbaa hin qabaatu. Mootummaan Tasmania fayyaa keetiif yaadda'a, akka dhibeen dhukuba COVID-19 hin babal'anne dhorka.